Abboommii kurnan

1- Waaqayyoolii kan biraa tokko illee ana bukkeetti hin qabaatin.2-Bifa qirixameen waaqa tolfamaa hin qabaatin. 3-Maqaa Waaqayyo Gooftaa keetii akkasumatti hin dha'in.4-Guyyaa Sanbataa qulqulinatti eeguudhaaf yaadadhu.5-Abbaa kee fi haadha keef ukfina kenni. 6-Hin ajjeesin. 7- Hin ejjin. 8-Hin hatin. 9- Nama irratti sobaan dhugaa hin ba'in. 10-Hin hawwin. Gaafa guyyaa firdiitti, Waaqayyoon arguuf jirtaa. Hawwii akka ejjaatti ilaala, "Ani garuu isinittan hima, namni ija hawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti ejjeera" (Maatwoos 5:28) Jibba akka ajjeechaatti ilaala, "Obboleessa isaa kan jibbu hundinuu nama nama ajjeesee dha; namni nama ajjeese abdii jireenya bara baraa of-keessaa akka hin qabne isin iyyuu beektu. 1 Yohaannis 3:15). Gara Jannataa ni deemtaa? gaffiin jira. Sobaan dhugaa baatee beektaa, waa hatteettaa, maqaa Waaqayyoo akkasumaan dhoofteettamoo ija hawwiitiin waa ilaalteetta? Yaaqoob 2:10 akkas jedha, "Namni tokko seera keessaa warra kaan hundumaa eegee tokko yoo cabse, akka waan hunduma isaanii cabseetti yakki itti in murama. Gaafa guyyaa firdii sana yakkamaa taataa? waantoota sana gooteetta taanaan Waaqayyo keessa garaa keetiitti kee akka sobduutti, arabsituutti, ejjituutti si ilaalaa. Macaafni Qulqulluun immoo ati yakkamaa taanaan akka ati si'oolitti galtutti dubbata. Yesus adabbicha ofii isaatii fudhateera, "Waaqayyo, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti. Yohaannis 3:16. Sanaan booda Yesus du'aa kaafamee du'a moo'eera. Har'a qalbii kee diddiirradhu (cubbuu irraa deebi'i) Ysusitti amani, Waaqayyo jireenya bara baraa siif kenna. Macaafa Qulqulluu dubbisii waan inni siin jedhuufis abboomami.

Sagalee Waaqayyoo I

Fayyuutu si barbaachisa. "Dhuguma, dhuguman sitti hima, eenyu illee olii yoo dhalachuu dhaabaate, mootummaa Waaqayyoo arguu iyyuu hin danda'u" jedhee deebiseef (Yohaannis 3:3). Nuyi hundumti keenya akka hoolotaa karaa irraa banee turre, adduma addaaniis kara-karaa ni gorre (Isaayaas 53:6). Ani Waaqayyo garaa namaa fi yaada namaa isa dhokataa qoree nan ilaala nama hundumaafis akka akkeeka isaatii fi akka ija hojii isaatiitti nan kennaaf jedhe (Ermiyaas 17:10). Cubbuu kee irraa qalbii diddiirrattee hin deebitu taanaan ni badda (Luqaas 13:3). Ofii kee fayyisuu hin dandeessu. Waaqayyo gatii nuyi hojii gaarii gooneef osoo hin taane araara isaa irraa kan ka'e nu fayyise. Jireenya haaraa fi dhalachuu haaraa karaa Hafuura Qulqulluu nuu kennuuf jecha cubbuu keenya irraa nu miicce (Titoos 3:5). Karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira dhumni isaa garuu karaa du'aati (Fakkeenya 14:12). Yesus deebisee, "Karichi, dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu (Yohaannis 14:6). Kan seerri abboomu eeguudhaan eenyu iyyuu Waaqayyoon duratti qajeelaa ta'uu hin danda'u, salphaadhumatti seerri akka nuyi cubbamoota taane nutti agarsiis (Roomaa 3:20). Fayyina keetiif Waaqayyo qopheesseera. Yesus cubbuu keenya fannoo irratti baateera waan ta'ee cubbuudhaaf duunee waan qajeelaa ta'ef jiraachuu dandeenya. Madaa isaatiin fayyifamneerra (1Pheexroos 2:24). Yesus cubbuudhaaf du'eera. Yesus awwaalameera, gaafa guyyaa sadaffaas du'aa ka'eera (1Qorontoos 15:3-4), yeroo ati amantu Waaqayyo ayyaana isaatiin si fayyisa. Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keenyaa miti, hojiidhaanis miti, eenyu keenya illee akka ittiin of hin janyetti (Efesoosn 2:8-9).

Sagalee Waaqayyoo II

Sagalee Waaqayyoo amanii fayyi. Yesus deebisee, "Isa inni ergetti amanuu keessaniin hojii Waaqayyoo in hojjettu" jedheen (Yohaannis 6:29). "Dhuguma, dhuguman isinitti hima, dubbii koo dhaga'ee isa ana ergetti kan amanu jireenya bara baraa qaba; inni du'a keessaa gara jireenyaatti darbee malee, gara firdii hin dhaqu (Yohaannis 5:24). Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu. Isin warri maqaa ilma Waaqayyootti amantan, jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana hundumaa isiniif caafe (1 John 5:12-13). Yesusiin nama durattu dhugaa ba'i. Eenyu illee anatti, dubii koottis yoo

leeyya'e ilmi namaa ulfina isaatti qulqulloota ergmoottattis yommuu dhufu isatti ni yeella'a (Luuqaas 9:26). Yesus gooftaa akka ta'e afaan keetiin yoo beeksifte, Waaqayyo du'aa akka isa kaase immoo garaa keetti yoo amante fayyina bara baraa in argatta. Namni garaa isaatti amanee qajeelaa ta'a, afaan isaatiinis beeksisee in fayya (Roomee 10:9-10). Amantiin nama fayyisu hojii gaarii of keessaa qaba. Amantii qabaattee hojii gaariidhaan agarsiisuu dhabaannaan maal gaarummaa qaba? (Yaaqoob 2:14). Waaqayyo akka akeeka isaa isa gaariitti hojjechuudhaaf fedha akka qabaattuuf, akka hojjettuuiifis si hojjetaatti (Filiphisiyuus 2:13). Eeyyee, Kanaafis nu keessaa hundumtinuu adda addaan waan godhe sababii isaa wajjin Waaqayyotti himuuf jiratii (Roomee 14:12), garuu yoo Waaqayyoon waaqessuu didde, eenyuun akka waaqeessitu filadhu anii fi maatiin koo garuu Waaqayyoon waaqessina (Iyyaasuu 24: 15).

Karoora Fayyisuu Waaqayyoo isa salphaa I

Gaaffiin ati gaafachuu qabdu inni guddaan, ati yeroo duutu gara mootummaa Waaqayyootti galuu danda'uu keeti. Akka gara mootummaa Waaqayyootti galtuuf, "lammee dhalachuu qabda" (Yohaannis 3:7). Macaafa Qulqulluu keessati akkaata nuyi lammee dhalachuu dandeenyu Waaqayyo karoora nuuf kenna. Tokkoffaa, cubbamaa akka taate hubachuu qabda. Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera Roomee (3:23). Sababiin isaa ati cubbamaa dha, akka duutuuf du'i sitti faradameera. Gatiin cubbuu du'a (Roomee 6:23). Kun Waaqayyo irraa garaa gara ba'anii si'ool keessatti darbatauu agarsiisa. "Namoonni al tokko du'uuf kaa'amaniiru; isa booddee immoo firdiitti in dhi'aatu" (Ibroota 9:27). Waaqayyo garuu jaalala guddaa siif qabu irraa kan ka'e ilma isaa isa tokkicha, Yesusiin siif kenne innis bakka kee bu'e cubbuu kee akka sii baatuuf. "Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kiristos nuuf du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate in argisiisa, (Roomee 5:8). Darbees Waaqayyo akkamiin ilma isaa Yesus irra cubbuu keenya kaa'ee akkaata inni bakke keenya du'e hubachu hin dandeenyu. Bara wallaalumma isaanii Waaqayyo namootatti lakkaa'uu dhiiseera; amma garuu namni hundinuu iddoo hundumaatti yaada garaa isaa akka geddaratu abboomeera (Hojii Ergamoota 17:30). Qalbii jijjiirrahuu jechuun cubbamaa akka taatee beektee cubbuu kee irra deebitee Waaqayyoo wajjin walii galuu, akkasumas Yesus fannoo iratti waan inni godhe irratti walii galuu jechuu dha. Gaaffichi: Fayyuudhaaf maal gochuutu ana irraa eegaama? (Hojii Ergamootaa 16:30), deebiin isaa gabaabaatti, isa cubbuu kee baatee bakka kee bu'ee du'e, awwaalamees, Waaqayyo immoo du'aa isa kaase, Yesuusitti amani. Du'aa kaafamuun isaa, yeroo Yesusiin akka fayyisaa keenyaa godhanne itti amannu jireenya bara baraa argachuu keenya jabinaan mirkaneessa. Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif kenne (Yohaannis 1:12).

Karoora Fayyisuu Waaqayyoo isa salphaa II

"Namni maqaa gooftaa waammatu hundinuu ni oola" in jedha, (Roome 10:13). Amani, ni fayyitaa. Hojiin gariin kamii akkasuma waldaan kam iyyuu si hin fayyisu. Waaqayyotu nama fayyisa. Karoorri fayyisuu Waaqayyoo inni salphaan: Ati cubbamaa dha qalbii jijjiirratte isa cubbuu keef bakka kee bu'e du'e Yesusitti yoo amantee malee, bara baraan si'ool keessatti gubatta. Akka fayyisaa keetti isatti yoo amante, inni akka siif du'e awwaalamee du'a ka'etti yoo amanatte cubbuu kee hundumaaf dhiifamaa fi jireenya bara baraa argatta. Karoorri iaa yoo ifa siif ta'uu dhabaate, amma ifa siif ta'utti isa kana irra deddeebi'iiti dubbisi. Biyya lafaa guutuu kana irra caalaa lubbuun kee gatii guddaa baasa. "Namni biyya lafaa guutummaatti buufatee, lubbuu isaa garuu yoo dhabe, bu'aan isaa maali ree? (Maarqoos 8:36). Akka fayyite mirkaneeffadhu. lubbuu kee dhabdeetta taanaan Mootummaa Waaqayyoo fi gaarii hunduma isaa dhabde jechuudha. Miira kee irratti hin hundaa'in ni jijjiiramu waan ta'aiif. Abdii Waaqayyoo kan gonkumaa hin jijjiiramne irra dhaabbadhu. Erga fayyitee booda jireenya keetti akka guddattuuf guyyaa guyyaatti waantonni ati shaakaltu sadiitu jiru, Inni jalqabaa kadhachuu dha, innis yeroo ati Waaqayyoo wajjin duddubbattuu dha. Inni lammaffaan immoo yeroo ati Macaafa Qulqulluu itti dubbifattuudha, kana jechuunis, yeroo sana immoo Waaqayyotu sitti dubbachaa jira jechuu dha. Dhuma irratti immoo amantii kee namaoota kan biraatti dubbadhu inni kun immo ati Waaqayyoof dubbachaa jirta jechuudha. Kanaaf gooftaa keetiif dhugaa ba'uu, hin yeella'in

(2Ximootewoos 1:8). "Eenyu illee namoota duratti eenyu akkan ta'e dhugaa ba'ee yoo mul'ise, anis abbaa koo isa waaqa irra jiru duratti dhugaa nan ba'aaf. Eenyu illee namoota duratti yoo na gane garuu, anis immoo abbaa koo isa waaqa irra jiru duratti isa nan gana" jedhe , Matewoos 10:32), isatti amanuu kee namoota gidduutti dhugaa ba'uu dhaaf, cuuphaa bishaanii fudhadhuuti, gara waldaa warra Macaafa Qulqullutti amananuu dhaqii achitti miseensa waldaa sanaa ta'i.